"Shororkeessitummaan ABO miseensota isaa qaluudhaan eegale"

Ob. Kumaa Dammaqsaa

Injifannoon, karaa guddina misooma dinagdee, karaa mirga siyaasaafi hawaasummaa argame hundi bu'aa Caamsaa 20 ta'uun isaa ni hubatama. Haa ta'uutii, firiiwwan Caamsaa 20n argaman kana gufachiisuudhaaf humnoonni farreen ummataa ta'an tokko tokko borumtaadhuma Caamsaa 20/1983 irraa eegalanii qixa adda addaatiin sochii hamaa gochaa turaniiru. Kallatiidhaan waraana banuurraa eegalanii, gocha shororkeessitummaa suukanneessaa raawwachuun lubbuu lammiiwwaniifi qabeenya kumaatamaan lakkaa'aman mancaasaniiru.

Haaluma kana ka'umsa taasifachuun miseensa hojii raawwachiiftuu Dh.D.U.O/ADWUIfi ministira ittisa biyyaa Ob. Kumaa Dammaqsaa wajjin gaaffiifi deebii adeemsifne akkaataa armaan gadiitti dhiyeessina

<u>Gaaffii</u> :- Dh.D.U.On wayta hundaa'etti hiriirri dhaabbilee siyaasaa Oromoofi haalli ummata keessaa attam ture? Dh.D.U.On qabsoo hidhannootti wayita seenu humna namaa tureefi injifannoowwan galmaa'an attamitti madaaltu?

<u>Deebii</u>:- Waa'ee dhaabbattota Oromootti seenuun dura, yeroo dhaabbanni keenya hundeeffame haallii ummata Oromoo keessa ture maal fakkaataa, kan jedhurraa jalqabuun waan gargaaru natti fakkaata. 1ffaa seenaa yeroo dheeraa hundumti keenya akka beeknutti yeroo dhaabbati keenya hundeeffame 1983 dura jechu dha, haalli ummata Oromoo keessa ture, karaa siyaasaatiin maal fakkaataa, karaa dinagdeetiin maal fakkaata, karaa hawaasummaatiin maal fakkaata waan jedhu gidduu galeessa godhatani ilaaluun barbaachisaa natti fakkaata. Amma egaa waggaan muraasa waan lakkaawwameef tarii haala ummanni keenya keessa ture kan umriidhaan yeroo sana hinturreefi amma jiru haala yeroo sanaa sirritti waan hin beekneef waan tokko tokko kaasuun barbaachisaa natti fakkaata.

Karaa siyaasaa yoo fudhanne, ummanni keenyaa haacuuccaa cimaa keessa ture. Sirna faashistummaa dargii keessatti rakkoon ummata keenya irraa karaa siyaasaatiin

gahe guddaa dha. Rakkoo karaa siyaasaatiin ga'eyoo ilaalle yeroo ummatichi mirga demokraasummaa tokkollee hinqabu ture. Mirga har'a argame kana waa'ee filuufi filatamuu ykn ofiin of bulchuu, dhimma ofirratti murteeffachuu yeroo sana waan yaadamu miti. Kanaaf karaa mirga demokraasummaa, karaa hundaanuu dhimma isa ilaaluu irratti murteessuun dhimma isa ilaaluurratti yaada kennuu, mormuu, waan isaaf ta'u, waan biyyaaf ta'u, irratti murteessuu, qooda fudhachuuf mirga hin qabu.

Sirna faashistummaa dura sirna fiiwudaalaati, sirna fiiwudaalaa keessatti akkuma beekamu mirga demokraasii wanti jedhamu hinjiru. Sirna fashitummaa keessattimmoo mirgichi dhabummuu qofa utuu hintaane afaan qawweetiin kan ummata keenyas ta'e kan biraa bulchaa ture. Kanaaf karaa tokkoon karaa mirga demokraasii yeroo ilaallu dhimmotiin amma jedhe gonkumaa waan yaadaman hin turre. Kanuma wajjiin ofiin of bulchuu wanti jedhamu hin yaadamu. Har'a ummanni keenya gubbaa hanga gad-jallaatti ofiin of bulchaa. Karaa mirga namuummaa yoo fudhannes, ummanni keenya hunndaa ol nagaan olee buluu hin danda'u ture. Sirnii faashistummaa afaan qawweetiin waan ummata bituuf ummanni keenya jiraachudhaafillee yeroo itti ofi hin amanne ture. Seeraan buluu wanti jedhamu hinturre. Ilmi namaa qalamaa ture, ajjeefamaa ture . Kanaaf akka namatti jiraachuudhaaf mirga hin qabu.

Inni 2^{ffaan} waan itti fakkaatutti amanuu hindanda'u. Amantaa naaf ta'a jedhutti amanuuf mirga hin qabu. Biyya kana keessatti ol'aantummaa tokko kanture. Karaa biraatiin bakka fedhe jiraachuu hin danda'u. Kanaaf karaa demokraasii, mirganamummaa yoo ilaallee hacuuccaa hamaa, sirna dukkanaa keessa ture jechuun ni danda'ama.

Karaa dinagdees yoo fudhanne, ummanni keenyaa ofitti amanee omishuu hindanda'u. Maaliif, sirni faashistummaa dargii ummanni keenya akka ofitti amanee hin omishinee, jireenyi isaa akka hin fooyyofnee gochaa ture. Gaaffii lafaa yoo ilaallee, gaaffii mirga siyaasaatti aanee gaaffii guddaa dha.Ummanni keenya gaaffii lafaa qabatee yeroo dheeraadhaaf qabsaa'aa ture. Dargiin karaa fedhii ummatichaa guutuun yoo ta'uu baatees dhiibbaadhaan gaaffii kanaaf deebii kennuuf yaaleera, garuu, karaa guutuu ta'een, karaa ummanni keenya itti fayyadamaa ta'uun gaaffii hin deebinee waantureef, hacuuccaan karaa dinagdee tures salphaa hin turree jechuun nidanda'ama. Hundaa olimmoo omishuudhaaf ummatichii waan omishee sanaitti ajajuu, waan omishe sana bakka barbaadetti gurgurachuuf jireenyasaatii itti dhimma ba'uu waan hindandeenyeef karaa dinagdees sochiin ummata keenyaa, sochii hamaa, hiyyummaa hamaa ture jechuun nidanda'ama.

Bu'urri misoomaa biyya keessa hin jiru, Kanaaf karaa dinagdees yoo ilaallee ummanni keenya hacuuccaa hadhaa'a keessa ture jechuun nidanda'ama.

Kanumaa wajjiin wal qabsiisnee waa'ee tajaajila hawaasummaa argachuu kkf yoo laallee rakkoo guddaa dha ummatni keenya kan keessa ture. Akka waliigalaatti karaa dinagdee, hawaasummaatinis hacuuccaaniifi cunqursaan ummata Oromooirra gahaa ture hamaa ture jechuun ni danda'ama.

Kanuma wajjiin ummanni keenya, aadaa, seenaafi afaansaatiin qaana'aa akka ummata seenaa hinqabneetti ilaalamaa ture. ykn seenaasaatti ummata boonu hin turre.

Oromummaan kan itti qaana'amu ture malee kan ittiin boonamu hinturre. Kanaaf namni seenaafi aadaa bonsaa utuu qabu maalummaasaallee of dhoksaa ture. Maqaasaa jijjirachaa ture. Har'a yeroo waggaa dheeraa lakkofsiisuu waan salphaa fakkaataa; Oromoon mataa ol qabate hindeemu ture. Biyyasaa, naannoosaa keessatti Oromuummaan kan itti bonamu hin turre. kanaaf waliitti qabne yeroo karaa hundaan ilaalluu hacuuccaafi cunqursaan ummata keenyarra gahaa ture, hacuuccaa hamaa, hadha'a, sukkaneessaa ture, jechuun ni danda'ama.

Egaa Dhaabbattonni siyaasaa kana keesayyuu, kan ba'an. Bakka hacuuccaaniifi cunqursaan jirutti qabsoon jiraachuunsaa dirqama waan ta'eef dhabbattonni siyaasaa kana keessaa ba'u. Ummatichii hacuuccaafi cunqursaan irra gahee sun, 'cunqursaafi hacuuccaa kana keessaa karaa kamiin ba'een, mirga koo eegsifadhaa? karaa siyaasaa, mirga siyaasaa, karaa dinagdee, mirga dinagdee akkamittin eegsifachuu danda'a kan jedhutu hawaasa keessa ba'ee dhaaba ijaara.

Dhaabnii sunimmoo sagantaafi kaayoo maraasaa qabatee ummata san qabsaa'ee qabseessa jechuudha. Asirraa kaanee yeroo ilaalluu, ummata jirru keessatti dhaabnii keenyaas utuu hin hundaa'in dura kanture gaaffii ummataa kana qabaachuudhaan dhaabbattoota hawaasa addaddaa keessaa ba'an dhaabbattonni uumamaa turan jiru. Jarreen kanneen keessaa kan yeroo dheeraadhaaf waltajjii siyaasaarratti maqaansaa dha'amu ABO dha. Kanaan ala ammoo IFLO ture. Dhaaba keenya dura kan hundaa'an jarreen kana; kaanis hundoofneerra jedhanii kan hasa'aan jiru.

Jarreen kun keessumaayyuu karaa ABOtiin kan hundaatuu ibsuu dandeenya; toorasaanii jechu kooti. Sagantaafi kaayoonsaanii hacuuccaafi cunqursaa yeroo sana ture irraa ka'udhaan sagantaa baafatanii qabsaa'aa turani. Sagantaan dhaabbattonni kun qabatanii ka'an kusumaammoo ABOn qabate ka'ee gara dudubaa kanatti maqaan addaddaa haa kennamuuf malee ummata Oromoo bilisomsiina; sirna yeroo sana tureerraa adda baafne Oromoon qophaatti bilisoomee akka jiraatu goonaadha. Kanaarraa ka'uudhaan yeroo sana sirna nafxanyaa keessatti oftulummaafi nafxanyummaa ture sana irratti qabsaa'u jalqabuusaanii dhaabbanni keenya yeroo baa'ee yeroo sanatti yeroo ilaalamu jechudha, gaaffiinsun ka'unsaa, qabsoonsun jalqabamuunsaa akka cimina tokkotti ilaallamuu nidanda'ama ta'a. Haata'utii gaaffiin ummata oromoo karaa ABOn bilisummaa Oromoo jedhe sana duwwaadhaan hikamaayii? gaaffiidha.

Gaaffiin ummata Oromoo karaa lamaan hikamuu nidanda'a jedheet dhaabnii keenya amana. Tokkooffaa cunqursaan ummata Oromoo gubbatti tarreesse sun kan karaa siyaasaa, karaa dinagdee hikamuu qaba dha. Mirga siyaasaa qabaachu qaba, ofiin of bulchu qaba, afaansaatti, seenaasaatti boonu qaba; dhimmasaarratti murteeffachu danda'utu isarraa jiraataa, mirgi ummata Oromoo karaa hundaanuu guutamuu qaba. Toora kanaarraa ka'a kan dhaaba keenyaa. Lammaffaa, bakka karaa siyaasaas, karaa dinagdees karaa hawaasummas mirgi kun eegamneetti ammoo fottoqanii mootummaa mataa ofii dhaabbachuun duwwaa utuu hintaane tokkummaa demokraasitinis ummata biraa wajjin mirga ofii eegsifatanii faayidaa ofii guuchifatanii jiraachuun nidanda'ama ilaalcha jedhuudha?

Kanaaf hariiroon inni lammaffaa isa kana jechudha. Hariiroon inni lammaffaan kun hariiroo dhaaba keenya ibsuudha. Kanaaf dhaabni keenya karaa lamaaniinu qabsoo ummata Oromoo kanaan dura ture sana gara waltajjii haaraatti casiisee jenna.

Gara waltajjii haraafi ol'aanaatti ceesiisee jechuun maal jechuudha? ummanni Oromoo bakka mirgisaa eeggameetti, bakka faayidaansaa guutameefitti, bakka hacuuccaa keessaa ba'eetti dirqama bilisoomuu utuu hintaane tokkummaadhaan mirgasaa eegsifachaa, faayidaasaa guuttachaa, ummata biraa wajjin jiraachuun ni danda'ama jenneeti ilaala. Tokkummaadhaan ummata biraa wajjin jiraachuun bakka mirgi eeggameetti, bakka afaan keenyaan dubbaneetti, bakka ofi bulchuu dandeessetti, bakka afaaniifi aadaan kee dagaageetti, tokkommaa demokraasummaa wal qixxummaa irratti hundaa'een waliin jiraachunimmoo bu'aa qaba jenneet ilaalla. Kanaaf gara haaraatti ceesiisee; qabsoo ummata Oromoo kan jennun. Bu'aansaa maaliinni? ummanni Oromoo ummata bal'aa; ummata guddaadha. Ummata qabeenya guddaa qabuudha. Kanaaf, ummanni kun biyya kana keessatti kan darbees yoo ilaallee, biyya kanaaf utubaa ta'e kan jiraachisu ummata Oromooti jennee ilaalla.

Har'as utubaa ta'e kan jiraachiisu Oromoodha jenneeti ilaalla. Jibbuunifi balaaleeffachuun kanurra jiraatu cunqursaadha malee tokkummaa miti jenneetii ilaalla.

Kanaaf qabsoo ummata Oromoorratti waltajjii siyaasaarratti hariiroo dhaabbattootaa lamata uumamee jechudha.

Egaa Karaa tokkoon bilisummaa duwaadhaan hiikama gaaffiin ummata Oromoo kan jedhu kan ABO dhaan gaggeeffamu, karaa biraatiin ammoo ummanni Oromoo mirga siyaasaa, mirga dinagdee, hawaasummaa irratti fayyadamaa ta'ee ofiin of bulchaa dhimmasaarratti murteeffachaa tokkummaa wal qixxummaa walamantaarratti hundaa'en waliin jiraachuun nindanda'ama kan jedhu ammoo toora dhaaba keennaati. Kanaaf hariiroon dhaabbattootaa bakka kana lamaanitti qoodame jechuudha. Kana lamaan keessaa yeroo fudhannu mirga ummata Oromoos eegsiisaa faayidaasaas guutaa karaa siyaasaa, karaa dinagdees waan hunduma guutaa isarra darbee ammoo tokkummaa demokraasummaa sanaan ammoo caalmaatti ummanni Oromoo akka faayidaa argatu toorri godhu toora Dh.D.U.On qabatee ka'e jechudha. Kanaaf haalli ummatni Oromoo keessa ture akkan duratti jedhe sanatti ilaalama. Haala ummataa ture kana keessaa dhaabatonni kun kan ba'an. Dhaabbatonni kun yeroo ba'ani ammoo hariiroo lamatu uumame. Hariiroon tokko kan ABOn qabate adeemudha. Hariiroon inni lammaffanimmoo dhaabnii keenya kan qabate adeemudha; kana hariiroon yeroo sana ture.

Kana wajjin kan ka'u qabu tokko yeroo Dh.D.U.On hundeeffame sana waltajjii siyaasaa biyya kana keessatti haalli kibba Itophiyaatti tureefi kaaba Itoophiyaa ture baay'ee walirraa fagaata. Fakkeenyaaf gara kaaba Itoophiyaa yoo fudhanne naannoo Tigraay keessatti qabsoon hidhannoo gaggeeffamaa ture cimaa gabbachaa dhufe. Amaaraa keessattis iddoo mursaa haata'u malee cimaa gabbachaa dhufe. Naannoo Oromiyaa yoo fudhanne garuu ABOn hundeeffameera, waggaa dheeras lakkofsiiseeraa; garuu sirna nafxanyaarratti qabsoon inni godhuufi sirna nafxanyaa

fonqolchuudhaaf sochiin inni gochaa ture dadhabaadha. Kanaaf guutummaatti maaltu ture ummanni Oromoo guutuummaatti sirna fashistummaan kan ukkaamamee ture.

Dargiin yeroo sanatti qabeenya ummata Oromoos humna namaas guutuummaatti qabaachuudhaan qabsoo karaa kaaba Itoophiyaa tureellee dadhabsiisaa kan ture kanaani. Yeroo dheeraadhaaf taayitaa siyaasaatti kan dhufan dabaraa dabarsaan ummata keenyaa hacuucaa, cunqursa, gabromsaa turan. Qabsoon ummannii Oromoo karaa bittinaa'een gochaa tures qabsoo hadhaawaa sirna nafxanyaa yeroo duraa Minilikii irratti duulamuu irraa kaasee sochiin inni gochaa tures cimaadha. Garuu sochiin ummanni godhu dhaaba sochiisana qindeesse sagantaa tokkoofi kaayoo tokko baafate deemu qabaachuu baannaan bittinaa'a dha. Kanaaf naannoo keenyatti utuu cunqursaaniifi hacuuccaan hadhawaan sirna faashistummaa ummata keenyaarra gahaa utuu jiruu qabsoon kanaan wal madaalu ammoo hin turre.

ABOn seenaadhaafi maqaa irraa darbe ummata Oromoo akka dhaadannoo qabateetti bilisomsuu hin dandeenye. Sirna nafxanyaa jalaa baasuu hindandeenye. Kanaaf yeroo dhaabbanni keenya hundaa'uuf qophaa'u sana qabsoon biyya kana keessa jiru baay'ee walirraa fagaataa ture. Kanarraa ka'udhaan sirna dargii barbadeessine gara mootummaa cehumsaatti dhufuudhaafillee gaaffii guddaa ta'ee ture yeroo sana. Kanaaf yeroo sana dhaabanni keenya namota muraasaan hundaa'e.

Qabsoo dhaabni keenya itti seenuudhaaf qophaa'uufi humna namaa keenya yoo ilaalle lakkoofsiisaa xiqqaa ture. Garuu gaaffii bal'aan ummata keessa waan tureef akkuma dhaabnii keenya hundaa'ee gara qabsootti seennen nama hedduutu dafee dhaaba kan keessatti kan makame. Kan qabsoo sana jalqabe muraasa haata'umalee, namni dafee itti makamuudhaan qabsoo kana gabbisuufimmoo dhaabbata jiran keessa dhaabbata keenya kan ariitiidhaan miseensota hedduu argate jechuun nidanda'ama. Kanaaf haallii dhaabnii keenya itti hundaa'eefi haallii ummati keenya keessa ture kana fakkaata. Kanaaf jalqabaaf ta'a kan dhaaba keenya hundeesse. Garuu, abdii tokkotu ture yeroo sana. Tokkooffaa kaayoo sirrii qabna. Lammaaffaa hacuucaaniifii cunqursaan ummata keessa ture. Bakka hacuuccaaniifi cunqursaan ummata keessa jiruttimmoo cunqursaafi hacuuccaa sana balaaleffatee kan nutti makamuufi sirna nafxanyaa fonqolchuuf qabsaa'u hedduu akka ta'u abdiiniifi hawwiin guddaa ture. Abdiin sun hojiirra oleera jechuun ni dana'ama.

Gaaffii:-Injifannoo Caamsaa 20 galmeessuuf aarsaa kafalameefi aarsaa kanaan sadarkaa har'a irra geenye attamiin madaaltu?

Deebii- Bakka qabsoon jirutti yeroo hunda aarsaan waanuma jiruudha. Aarsaan qabsoo keessatti kafalamu gosa lama ta'uu danda'a. Aarsaa guddaafi bal'aan kennamee injifannoo utuu hingalmeessin haalli itti hafu jiraachuu danda'a yookiin injifannoo hunda qabeessa utuu hingalmeessin hafuun jiraachuu ni danda'a. Qabsoo dhaabnii keenya dhaabbattota biroo wajjin godhe yoo fudhanne garuu dhugaadha aarsaan ykn wareegamni guddaan kennameera. Aarsaan kenname sun garuu bu'aa guddaa firii guddaa argamsiiseera jechuun ni danda'ama.

Aarsaa kenname sanaan rakkoowwan ykn hacuuccaan sila gubbaa tuqe hiikamaniiru. Inni guddaan ummanni Oromoo mirga siyaasaa isaatti fayyadamee mirga ofiin of

bulchuu argateera. kunimmoo heera mootummaatiin mirkanaa'eera. Kanaafuu, ummanni Oromoo gubbaarraa, hanga gad-jalaatti ofiin of bulchaa jira. Ummanni Oromoo kanaa wajjiniin mirga ofiin of bulchuu duwwaa utuu hinta'in hiree mataasaa karaa barbaade murteeffachuudhaaf mirga heera mootummaatiin mirkanaa'e qaba. Kun Bu'aa wareegama qabsoo Aarsaan kennameeti jechuun danda'ama. Isa duuwaa utuu hin ta'in kanaa wajjin ummanni Oromoo mirga demokraasii isaa gonfateera. Har'a waan barbaadu murteeffachuu, waan barbaade falmu filannoodhaan nama isaaf ta'u ykn dhaaba isaaf ta'u filachu mirga argateera. Seenaasaa, aadaasaatti boonuu jalqabeera. Mirgi namuummaasaa eegameeraf jechuun nidanda'ama. Karaa siyaasaa qofa utuu hin taane karaa dinagdees jalqabbiin gaariin jiru.

Ummanni keenya jireenya fooyya'a jiraachuunsaa qabatamaatti kan mul'atuudha. Karaa hawaasummaas guddinni yeroo hunda walirra hincitne, kan gabbachaa deemu galmaa'aa jira. Kanaaf akka waligalaatti har'a Oromummaadhaan kan itti saalfatan utuu hintaane kan itti boonan ta'eera jechuu dha. Kuni mmoo umrii gabaabaa keessatti hundumtii keenya kan ilaalaa jirruu dha.

Gara boodatti deebine hacuucaa darbe yemmuu yaadanu injifannoon argame kun guddaa dha jechuun nidanda'ama. Kanaaf wareegamni kenname kun wareegama akkasumatti bu'aa malee hafee utuu hintaane wareegama bu'aa guddaa galmeesse, wareegama seenaa dhaloota dhufuuf darbu danda'uudha.

Heerri mootummaa har'a biyya keenya keessatti mirkanaa'e bu'ura guddaa dha. Kanaafi diinoonni keenya har'a heerri mootummaa sun haa diigamu jedhanii kan irratti xiyyeeffatanu. Kana booda ol'aantummaan nafxanyaa, olaantummaan of tuultootaa ummata kanarratti fe'amuu akka hin dandeenye waan beekamuuf isa diiguuf dhama'u. Dhugaadha dhaloonni darbaa dabarsaan dhufu injifannoo argame sana eeggatee cimsaa adeemuun isa irra jiraata. Inifannoo ha'ra argamee ol, injifannoo sanaa ol argachuun, gabbisuun isaarra jiraata jechuun ni danda'ama. Qabsoo godhameen, wareegama kennameen injifannoon argame guddaadha; injifannoo seenaa qabeessa.

Gaaffii:- Yeroo sanatti Dh.D.U.On dhaabbilee Oromoo biroo waliin maree nagaa gochuuf yaalii taasise ABOn gufachiisee ture. Ka'umsiifi kaayoon ABO maal ture? Lixa Oromiyaatti dargii barbadeessuuf qabsoo godhame keessatti ga'een ABO maal ture? Dargiin erga barbadaa'ee booda waraana labsuunsaa maaliifi?

<u>Deebii</u>:- Maree booda godhame qofa utuu hintaane gara boodatti deebi'u barbaada; dhaabbattonni Oromoo maaliif wal ta'anii qabsaa'u dadhabani kan jedhu ilaaluu dhaaf. Waa'ee ABO yeroo baay'ee odeeffannoo namni qabuufi beekumsi namni qabu erga sirni Nafxanyaa barbadaa'ee booda keessumaa bara 1983 as kan jiru dha. ABOn garuu dhaabbattoota Oromoo wajjin ta'ee, gamtaadhaan akka inni hin qabsoofne kan godhe waan namatti agarsiisuu gara boodaatti deebine dhaaba keenya wajjin kan ture ilaaluun nidanda'ama. Fakkeenyaaf dhaabbanni keenya yeroo sagantaa baafatee, kaayoosaa qabatee qabsaa'uu dhaaf qohaa'u, isa dura ABO dhaa wajjin waliin taanee gaaffii ummata Oromoo deebisuuf qabsoo gadhamuurratti waliin haa qabsoofnu kanjedhurraa ka'udhaan yaa'ii hundeeffama Dh.D.O.U irratti waamicha goone turre. Waamicha goone sanaaf deebiin nukenname hindhufnu kan jedhuudha. Lammaffaa erga dhaabni

keenya hundaa'ee sagantaasaa qabatee dhaaba siyaasaa tokko ta'ee booda ummata Oromoo keessa gallee waliin qabsaa'uudhaaf wan waligaluurratti waliigaltee uumnee haqabsoofnu jenne kaartumirratti bakka jarri jiranitti dhaqnee maree goone turre.

Maree sanarraa nama lama taaneetu dhaqne. Nuti kaartumitti jara barbaaduu dhaqne. ummata Oromoo keessa gallee waliin qabsaa'uudhaaf. Kaartum waajjirasaanii dhaqnee yeroo sana nuyi garuu kan barbaanne karaa Asosaa, karaa wallaggaati achiin naannofnee dhufuun ummata Oromoo bal'aa argachuuf nu gargaara. Karaa Darraatiin dhufu hin barbaannu. Karaa Darraatiin dhufuudhaaf Ficheerra Dargiin jira, Alam katamaarra dargiin jira. Gaaffiin nuti dhiyeessine, nuti tokko miti, sagantaan keenyas tokko miti garuu waliin taane dhimma ummata Oromomoorratti isinis sagantaa keessan qabattanii nutis sagantaa keenya qabannee waliin qabsoofnaa jenne. Jennaan gaaffii lama kan nuuf kaasan. Tokko, utuu kallachi Oromoo ABOn jiru maaliif dhaaba kana hundeeffattanii jedhan. Inni lammaffaa, yoo barbaaddan sagantaa keessan bittinneessaatii tokkoon tokkoon keessan nutti dabalamaa akka nama dhuunfaa tokkootti nu wajjin qabsaa'aa, nun jedhan. Inni sadaffaan waa'ee qabsoo ummata Oromoo ilaalchisee maree keessa kan kaasan ummata Oromooti qabsoo keenya kan boodatti harkisu, ummanni Oromoo ho'inaan qabsoo kana keessatti gaheesaa gumaachee sirna nafxanyaa ofirra faccisuudhaaf qaamnisaa ho'aa miti jedhani. Yakka ofii hojjetan ummata Oromoorratti dabarsuudhaaf kaasan kana irratti deebii kennineerra. Kanaaf deebii kennineerra.

Tokkoffaa, utuu kallachi Oromoo jiruu maaliif hundeeffamtan" kan jettaniif ABOn jiraachuun nibeekna. Haata'uutii namni tokko waan isatti fakkaate waan sirridha jedhee ilaale waanta itti amanu amanuuf mirga qaba. Nama yaada akkasi qabu wajjinimmoo ijaarama hundeessuun dirqama. Addunyaarratti waan hin jiraaneedha. Dhaabni tokko qofaa haa jiraatu kan jedhu hin jiru. Mirga demokraasiirraa kaanee yoo madaalleemmoo kuni farra mirga demokraasiiti. Isin har'a nuun akkas kan jettan boru ummata Oromoo ukkaamsitanii, yoo isiniif milkaa'e ummata Oromoo akka gabroomsitan shakki hin qabnu jenne. Lammaffaa, tokko tokkoon nutti makamaa kan jettanimmoo kun mirga keenya, dhaaba feene hundeessuuf, yaada nutti fakkaate qabannee, ijaaramnee, gaaffii ummata Oromootiif deebii argachuuf deemuf nutu ofiin murteeffata malee isin miti kan murteessu.

Miseensi dhaaba keenyaas ofiin murteeffata. Naata'a jedhee dhaabatti makama malee namni kambiraa murteessaafi miti jenne. Kan ummata Oromootiin qabsoon harkifte jettani ammoo isintu foqoqse. Isintu ummata Oromoo qabseessuu dadhabe. Ummanni Oromoo yeroo duraa sirna nafxanyaatiin harkisaa muramee, kolaafamee sirnicha ofirraa facciseera. Dhaaba ijaaru dhabee ummanni Oromoo haa hafuu ofii keessaniif kan taatan nutti hin fakkaatu isinis karaa isinitti fakkaate deemaa nutis karaa nutti fakkaatu deemna jenne. Nuyi karaa Gojjam baanee Naqamte galle. Edda sochiin cimee booda karaa Darraatiin garanatti dhufuuf yaalame. Kanaaf maal jechuun barbaadee, har'a utuu hinta'in jalqabaa kaasee ana qofaadha Oromiyaa keessa kan socho'u, ana duwwaa dha qabsaa'aan jedhee waan laaluufi. Isa duwwaa utuu hin taane IFLO wajjin takkaa waliigalanii hin beekan. IFLOnis rakkoo mataasaa haaqabaatu malee kan waliigalamuu dadhabame ol'aantummaan ABOn agarsiisu, ilaalcha of

tuulummaa ABOrraa ka'eeti. Ana duwwaa dha kallachi Oromoo kan jedhu sun qabsaa'onni Oromoo walitti dhufanii waan irratti waligalamuurratti waliigalanii akka hin hojjenne akka hin qabsoofne kan godhu gufuudha jechuun ni danda'ama. Sana booda erga sirni nafxanyaa bara 1983 booda diraamaan ture dhaabbattota Oromoo shan walitti dhufna jedhamee yaalii jalqabame. Yaada kana keessa jaarsoliirnis turaniiru. Jaarsoliin sunis jaarsolii dhaabbattoota Oromoo hunda wal-qixa ilaalani, jaarsa araaraa hin turre. Waa'een dhaabbattonni Oromoo shanan walitti haa dhufanii jedhamu sun kaayoonsaa fuul-duratti wanti dubbatamu waan biraati. Dudduba kan ture. Maalinni dhaabbattonni Oromoo hundi ABO jala akka galan gochuudha. Tokkoffaa sagantaan keenyaafi sagantaan ABO tokko ta'a jedhe hin ilaalu hin amanu. Yoomiyyuu tokko hin ta'u. Sagantaan tokko ta'uun, kaayoon tokko ta'uun dirqama jenne hinilaalluu. Waan irratti waligallu irratti wajin hojechuun ni danda'ama jenne amanna. Kanaaf garuu tokko ol'aantummaasaa mirkaneessaa tokko gad-aantummaasaa fudhatee hinta'u. Kanaaf mareen sun hojiirra ooluu hin dandeenye. ABOn ammas ol'aantummaasaa mirkaneessee. Ammas ana duwwaa dha kan ummata Oromoo dhuunfaadhaan qabadhee ummata Oromoo keessatti qabsaa'e kan jedhu waan qabuuf araarri maree dhaabbattoota shani inni jedhu hafee jechuu dha. Kanaaf inni tokkooffaaniifi inni guddaan ABOn gufuu waan uumeef jaarsoliin sunis akka ABO itti ilaalanitti dhaabbilee warra kaan ilaalanii dirqama jaarsummaasaanii waan hin ba'iniif gufate. Kanaaf karaa tokkoon dhaabbattonni Oromoo walitti dhufne akka hin hojjenne gochaa, karaa biraatti ammoo dhaabbata biraa kanneen akka dhaabbatoota miseensota ADWUI wajjin akka hin hojjenne maqaan_kennamu tureera. Kunis maxxantummaa, Gobana... waan jedhudha. Akka ilaalcha keenyaatti kaayo addaddaa qabaachuun sagantaa addaddaa qabaachuun waan walitti dhufnu irratti wal kabajanii walqixxummaadhaan wal amanteedhaan hojjechuu barbaachisa. Kun akka hin taaneef kan dhaabbatoota hunda caalaa gufuu ta'e ABO ture.

ABOn naanna'e naanna'e fedhiinsaa Oromiyaa qophaasaa qoodee bitudha. Jalqabaa kaasee hanga dhumaatti dhaabanii sun hanga ammaatti wanti ol adeemu hin dandeenyeef Oromoon qophaatti ba'e bitamuu qaba. Eenyudhaan? ABOdhaa. Kana fedhiin isaanii inni guddaan. Kanaan ala, dhaabbattoonni biroo qabsa'uu fudhatama hinqabu. Kanaafi kan inni gufachiisuudhaaf yaalu. Muuxannoo irraa kaasee kanan ilaalu kana.

Ka'umsi isaa ifa. Akka seenaatti gara boodatti deebinee ilaaluudhaaf bara 1983 yemmuu dargiin barbadaa'u. Dhugaa dubbachuudhaaf ammagaa waanuma ture waan ta'eef, ABOn maqaadhaan yoo ta'e, sagantaa baafatee qabsaa'a jira seenaa jedhun yoo ta'e dhaabbatoota heddu dura kan hundaa'e dha. Kan nama dinqisiisuu ammoo sirna nafxanyaarratti qabsoon inni godheefi lafti inni bilisoomse tokko hin jiru. Bara 83 dura jechuudha.

Garuu gandi inni bilisome, sochiin kana jedhamu inni godhe hin jiru. Gara lixaa yoo deemames wanti kana jedhamee lakkaawwamu hin jiru. Lafti inni bilisoomse tokkoyyuu hin jiru. Yeroo bara 1982 hanga bara 1983tti, maaltu ta'ee, dhaabni kun looltuu dargii barbadeessuu yoo baate sirna nafxanyaarratti qabsoo guddaa yoo gochuu baate maqaa ummata guddaa kanaan nanqabsaa'a jechaa jira. Erga dargii

barbadeessinee booda gara taayitaatti yeroo dhufamu hirmaannaan dhaaba sanaa yoo waan guddaallee gumaachu baate utuu dargii hinbarbadeessin dura ala. Maaliifis karooraan hojjenna, karooraan deemna, straateejii qabna, maaltu ta'uu danda'a kan jedhu ilaalamaa waan adeemuuf maal haagonu kan jedhutu ka'e. Akkuma taanee taanee loola Dambi Dolloorratti akka hirmaatan haagoonu jedhame.

Maree godhame sanaan rakkoo meeqaan akka dhufan godhame. Dhufanii loola godhame sana keessatti loola faayidaa qabu hin goone.Karaa lamaaniyyuu Dambii Dollootti yeroo seennu loola kana jedhame utuu hin looliin erga lafti bilisoome booda alaabaa ABO fannisuurratti gootummaan isaanii kan dhufe. Erga Dambi Dolloon qabamee booda nan yaadadhaa meeshaa achi jiru hunda taankiis meeshaan biraas ABO dhaaf haa kennamu jedhamee ABO dhaaf kenname. ABOdha kennamee sana booda yeroo dargiin barbadaa'ee mootummaan yeroo dhaabbatu ABOn qabsoo guddaallee gochuu yoo baate ummata bal'aa maqaa bakka bu'a jedhamee teessoon 12 kennameef. Taa'umsii 12 yemmuu kennamuuf ABOn yeroodhaaf mootummaa dhaabbate sana keessatti taayitaa qooddatee biyya Itoophiyaa jedhamtu ijaaruu utuu hin taanee dhaadannoon inni qabate dhoksaadhaan haala yeroo sana jiru itti fayyadamee ammas Oromiyaa bilisoomte qophaatti baafatee bituudha. Abjuunsaas kanuma ABOn.

Ummanni ni guddata. Adeemsii gara fuul duraatti deema. Ilaalchisaanii garuu achuma jira kanarraa ka'ani yeroo sanas sochiifi haala yeroo sana uumametti fayyadamuudhaan loltuu kuma 30 ol ture ABOn kan qabu yeroo sana. Meeshaa dhuma nuti kennineef sana deebisee nurratti gargalchuudhaafi kan inni socho'aa ture. Miila tokkoon mootummaa cehumsaa keessa, karaa biraatiin ammoo mootummaa cehumsaa gara galchee yoo danda'e Oromiyaa qophaatti yoo ta'uu baateemmoo haallii addaddaa uumamee kaayoo sana galmaan gahaachuudhaaf ture. Kanaafi kan inni lola labsuutti deeme. Loltuufi meeshaa sassaabutti kan inni seene. Haala ummatni Oromoo keessa turellee, jibba ummanni Oromoo sirna nafxanyaarra qabu, shakkii inni, qabuun fayyadamee dhaadannootti hundaa'e sana hawwiifi abjuu sana galmaan gaha'achuufi. Lola labsuunsaa kanarraa ka'eti. Garuu sun milkaa'uu hin dandeenye. Kanaaf yoo kaayoo ykn fedhiin ABO maalinni jette jalqabaa kaasanii dhaadannoonsaanii ummata Oromoo qophaatti baasanii bituudha. Hanga dhumaatti dhaadannoon jiru kana.

Bifa addaddaafi haaguuggii addaddaa haaqabaatu malee keessisaa sana. Ummata qophaatti qoodanii bituunimmoo namoonni ABO hundeessan dhufanii gara taayitaatti ba'anii fedhisaanii guuttachuu dha hawwiin jiru. Namoonni yeroo dheeraaf ABO keessa tti qabsaa'an baay'een amma biyya alaa jiru. Maal jedhu yeroo tokko tokko, yoo gara biyya keessatti galle niduna, yoo ta'e ammoo qabsoon Oromoo galma hin ga'u jedhu. Qabsoo Oromoo kan gaggeessan isaan qofa itti fakkaata. Kanaafuu yoo danda'ame akka hanqaaquutti qabamanii jiraachuu wareegama malee hawwii qaban sana galmaan gahaachuu barbaadu kun afaansaanii keessaa dubbatama. Utuu akkas jedhanuu aduun dhiyaa jira. Achumatti duloomaa jiru. Bara baraanimmoo jiraachuun hin danda'amu. Kan nama dinqisiisuu yeroo jarri loola labsan kan loola sana keessatti wareegamuuf kan gowoomee itti seeneedha. Namni tokko hogganaa keessaa kan hafes hin jiru, akkuma karaa Boolee dhufaniin karaa Boolee ba'anii biyya alaatti duloomaa jiru. Kan hawwaniifi haalli isaanii kana ture. Yeroo sirna nafxanyaa barbadeessuuf

qabsoon godhame sana keessatti kan nama dinqisiisu qabsoo yeroo seentu barbaraan nan jiraadha jettee miti. Kaayoo qabadhee kanaaf hunda dura wareegamuun narra jirata jettee yaadaa akka hogganaatti. Ati barabaraan jiraachaa, nami ati gaggeessitu garuu si dura wareegamee qabsoon hin danda'amu. Qabsoon wareegama ala hin danda'amu. Kanaaf yeroo sanas ofisaanii wareegamuufi qabsicha ho'inaan gaggeessuu ummata Oromoo hiriirsanii sirna nafxanyaa barbadeessuudhaaf qophii hin qabani ture. Sana booda erga dhufanii ammoo ammas adda duree ta'anii gaggeessuuf utuu hin taane yoo danda'ame utuu jarri hin du'in mootummaa argachuu ture yaadni saanii. Garuu hindandeenye biyya alaa deemanii ammas "riimoot kontrooliin" achi ta'anii gaggeessuu barbaadan malee. Qabsoo gochuudhaan wareegama kennuudhaan injirfannoo argachuu hin barbaadani.

Kaayoon ABO kan gidduugaleessaa jalqabaa kaassee Oromiyaa qophaatti qoodee Oromiyaa ABOn gaggeessu keessumaammoo hogganoonni ABO abbaa taayitaa ta'anii gaggeessan uumuudha. Bitaanis ta'e mirgaan gidduu galeessi isaanii kana akka amantaa kootti. Kana galmaan ga'achuudhaaf toftaan hordofu yeroo hunda yoo kana ta'ee jalqabni isaas yoo kana ta'e wareegama wanti jedhamu hin dhufuu dha. Toftaan jarri hordofan otuu ofii hin du'in kan biraa ajjechisiisanii taayitaatti ba'uudha. Amma dhumaatti muxxannoo koo irraa kanan hubadhe kana. Amma ammaatti yoo nuti duune qabsoo eenyutu itti fufa kan jedhus kanarraa dhufa.

Yoo biyya keessaa gallee qabsoofne eenyutu qabsoo kana itti fufa kan jedhu kanarraa ka'a. Kanaaf toftaan qabsoo isaanii ofiif osoo hin du'iin namni kan itti du'etti taayitaa qabachudha. Utuu dhaabni Oromoo ABO qofa ta'ee ummata Oromoorratti balaa guddaatu ga'a. ABOn yoo taayitaas argate ummata Oromoo wajjin tokko ta'e deemu hin danda'u. Maaliif yoo jenne ummataa wajjin tokko ta'ee deemuudhaaf mirga ummataa kabajuu qaba. Mirga demokraasiitti amanuu qaba. Ummanni yeroo isa falmus deeggaruu qaba. Yoo deeggarus deeggaruu qaba. ABOn bakka socho'eeti waanti inni godhe yoo jiraate maaliif miseensa Dh.D.U.O, maaliif dhaaba Oromoo deeggartan jedhee nama qalaa ture. Dhaabicha keessatti waan baay'ee jedhu. Kanaaf dhaaba farra demokraasiiti jechudha. Dhaabni farra demokraasii ammoo yeroo dhaaf utuu taayitaa argateellee jiraachuu hin danda'u.

Dhaabni siyaasaa tokko yaadasaa kaayoo isaa qabatee dhiyaatee, ummanni akka isa filatu ni barsiifata. Yeroo falmes ni fudhata. Yoo kana gochuu hin dandeenye rakkisaa dha. Kanaaf ani tooftaan arge yoo danda'an haguuganii fedhii ofiigalmaan gahachuu yoo didemmoo karaa humnaatiin deemuu. Tooftaan inni hanga har'aattis hordofu kana. Dhaabbicha keessatti yoo yaada biraa qabatan jiraachuun hin danda'amu. Kanaan ala kaayicha galmaan ga'uu hin danda'u. Hanga har'atti jeequmsaafi gocha farra demokraasii keessatti umriisaa guutuu lakkobsiisaa jira. Akkuman sila kaase ummanni Oromoo har'a abbaa mirgaa, abbaa injifannoo ta'eera. Kan isaaf ta'u filachuuf hubachuu danda'eera. Kanaaf toftaan ABO, isuma xaxee kuffisa malee ummata Oromoo ykn injifannoo Oromoo miti.

Har'a ummanni keenyaa mirga demokraasiitti fayyaadamuu jalqabeera. Har'a kan isaaf ta'u mirga isaatti fayyadamee waan isaaf ta'u deeggaraa waan isaaf hin taane falmuu jalqabeera. Qabsoo dhaabni keenya godheen sadarkaa kanarra ga'uu

danda’eera. Kana booda ummanni Oromoo yoo mirgasaatti fayyadamuu dadhabe dhaaba keenya miti kan komatamu. Nama mirgasaatti fayyadamuu dadhabetu komatama. Toftaan ABOn deeggareefi yakki inni qabsoo ummata Oromorratti hojjete karaa tokkoon ta’ee karaa biraatiin ammoo kaayoo dhaaba keenyaatiin ummanni abbaa mirgaa ta’eera. Mirga isaatti fayyadamee haa dhaabatu. Oromoon naaf ta’aafi hin taane jedhee sadarkaa madaaluu danda’u irra ga’eera jechuudha. Kanaaf karaa biraatiin yakki ABOn hojjete kana ta’ullee karaa biraatiinimmoo injifannoo ummanni keenya goonfate injifannoo jireenyasaa gara fuul duraatti tarkaanfachiisu dhaloota dhufuufis fayyada kanin jedhus kanarraa ka’eeti.

Gaaffii -Tooftaa qabsoo kaayoo siyaasaa ABOfi injifannoon ummanni har’a argate attamiin madaalama?

Deebii - Asirratti waan lama kaasuun gaarii natti fakkaata. Tokkooffaa, ABOn shororkeesitoota wajjin dhaabbachuu har’a miti kan jalqabe, akka ilaalcha kootiti. Gara boodaatti deebinee namoota seenaa beekan yoo gaafanne ABOn qabsaa’oota isa wajjin qabsoo jalqabaniifi ummata Oromoof qabsoofna jedhan dhaaba ajjeese dha. Amma dhiyeenyatti qabsaa’ota Oromoof qabsaa’an, ajjeesee ajjeesisaa ture. Kun gochaa shororkeessummaati. Kanaaf akka ilaalcha kootti seenaa isaa wajjin kan jalqabedha. Kanaaf ilaalchi kun yoomiyyuu taanaan gochaa akkasiirraa duubatti hin deebi’u. Sana booda ummata Oromoo keessatti yeroo dhiyeenyaatti kan godhamaa ture,. miseensi dhaaba keenyaa ajjeefamaa qalamaa ture. Yoo xinnaate kaayoodhaan garaagara haataanu malee mirga ummata Oromootiif qabsoofna jenneeti. Iddoo baay’eetti miseensi keenya qalamaa tureera, kun beekamaa dha. Ummata Oromoo isa hin deeggaru jedhe qalaa, ajjeesaa ture. Wanti hin godhamne hin turre. Naannoo Oromiyaa keessatti bishaan danfaadhaan gubeera. Qaamnisaa akka hin taanetti cicciramaa ture. Kun gocha shoroorkeessaati. Kanaaf amma jalqabame miti, adeemsisaa umriisaa guutuu waan tureedha.

Maaliif kana godhe? kan sila kaasee wajjin wal qabata. Toftaa kaayoo jalqabaa dhaabbateef sana galmaan naaga’a jedheeyoo ilaale, waanuma hundaraawwata. Fakkeenyaaf Shaabiyaa wajjin qindoomuun wajjin gurmaa’uun maal jechudha. Kun mirga ummata Oromoo wajjin eessatti walitti dhufa. Gonkumaa waan waliin deemu miti. Shaabiyaan ummata Oromoo dabalatee ummata biyya keeyna balleessuudha ka’umsisaa, ajandaansaa kana. Guddina sirna demokraasii ijaarra jennu kana diiguudha. Bittinneessuudha.

Wanti inni bittineessuuf mootummaa dadhabaa, ummata dadhabaa yoo argate qabeenya biyya keenyaa qorquudha. Kanaan achi waan biraa hin qabu. Kana immoo ummata Oromoo qophaatti dhiisee hin godhu. Biyya kana keessatti karaa dingadees karaa addaddaatiinis iddoo guddaa kana qabu Oromoodha. Shaabiyaan fedhiinsaa kana. Qindoominni ummata Oromoo akka ummataatti hin ilaallee, gabrummaafi haccuccaa kaleessa ummata keenya irra ture sana deebisuudhaaf afaansaaniitiin dubbachaa ture. Waan haasawa duuwwaatiin hubanne utuu hin ta’iin qabatamaatti hojiisaaniirraa waan argaa jirru dha. Akka waliigalaatti ummata keenyaafi qabeenya ummata keenya balleessuufi. Kanaaf namni ani Oromoo dha jedhu kana keessa waanuma galuu miti.

Kanaaf ABOn kaayoo ganama qabate sana galmaan gu'achuudhaaf seexana wajjinis ni hiriira.

Ammas gochaa shororkeessaa keessatti kan inni galu mootummaa kana naa dadhabsiisa jedhee amannaan ummanni Oromoo jiraatee, dhiisee badee, dhisee gubatee, dhiisee dhimmasaa miti. Fakkeenyaaf waa'ee Somaalee wajjin walitti dhufeenya godhamaa jiru haa ilaallu. Achitti gochi shororkeessitoonni gochaa turan dudduubasaa gaaffiin biraas jira. Innis gaaffii babal'inaati. Gaaffii lolaati. Fakkeenyaaf lafa Oromiyaa amma Aadaamaatti falmuu. Amma Adaammaatti lafti jiru keenya jedhu. Somaaleerraa baa'amee taakku tokko utuu hin deemniin lafa Oromiyaatti seenama. Hunda dura kan mormiisaa muramu Oromoodha. ABOn garuu kana balleessuudhaaf waliin hiriiraa jira. Ummata Oromoo qaluuf waliin hiriiraa jira.

Alitahaad wajjin tokko ta'anii hojjechaa jiru. Alitahaadimmoo kan ummata keenya qalaa, ajjeessaa jiru dha. Kanaaf kan nama dinqisiisu dhaabni kun kana waan godhuuf hawwiifi abjuu duraan kaa'atee galmaan ga'uufi. Utuu kana beekuu Oromoo ta'ee namni kana wajjin hiriiru ammoo samuunsaa nagaa dhaa? kan jedhu gaaffii kaasa. Kan nama dinqisiisu hundasaanii kan walitti fidu tokko fedhiisaanii guuttachuuf seexana wajjin hiriiruusaaniiti. Kun waan namaa hin galleedha. ABOn Shaabiyaafi oftultootaa wajjin hiriire jechuun akka Oromoo tokkootti tasuma naagaluu hin danda'u. Tarsiimoon Shaabiyaas ta'e qindoominni ummata Oromoo balleessuu, gabroomsuu, bituudha. Dukkanatti deebisuudha. Jarri kun utuu milkaa'eefi eessatti walii galu inni jedhu ammoo nama rakkisa. Garuu Oromoo keessaa ba'uufi afaan dubbachuun ala ilaalchaan tokkodha jechuudha. Lamaansaanii ilaalcha farra demokraasii qabu. Shaabiyaan afaan tigriffaa dubbata. ABOn afaan Oromoo dubbata ilaalchisaanii garuu tokko. Oftuultonni afaan Amaaraa, ABOn afaan Oromoo dubbata, ilaalchisaanii garuu tokko. Isatu walitti fidee. Garu utuu fedhiin saanii galma ga'ee raajiidhaan taayitaarra ba'anii ofiisaaniif dura walqalu. Asirratti ABO abbaa fedhee yoo hasofsiifame waa'ee kanaa si amansiisuu hin danda'ani. Tooftaan tarsiimoo dhaan walitti hin hidhamne hin jiru addaanyaarratti. Toftaan guyyaa tokkoofilleetarsiimoo achi hin geenye hin jiru addunyaarra. Tooftaan isaanii diina walii wajjin qabanu sana waliin haballeessinuudhe. Kunimmoo jaraafuu hin gargaaru, waan yaadan sanas galmaan ga'uu hin dandeessisu jedheen yaada.

Gaaffii:-Walitti hidhiinsi ABOn Shororkeessitoota Sumaalee waliin qabu maalinni? Shororkeessitootaaf ergamaa ta'uu irraa gara shoroorkeessummaatti seenuun isaa maaliifi? Garee Shaabiyaa keessatti hoo ergamni isaa maalinni? maaltu walitti isaan hidhe?

Deebii - Eyee, Shaabiyaan ifa kaayoonsaa. Midiyaasaaniirratti yeroo addaddaa kan Oromoodhaaf yaade fakkaatee waa'ee Oromoo haa dubbatu malee Itoophiyaa jechuun Oromoos dabalateeti. Akkuma waliigalaatti fedhiisaa biyya bittinneessuudha. Fedhiin isaanii sirna kana bittinneessuudha. Biyya kana dadhabsiisuudha. Waanti kana godhameef ammoo abjuu tokko qabu.

Karaa dinagdeerratti walitti bu'insii uumamu darbaa fudhachuu dha. Yoo darbaa argachuu barbaadan hindanda'amu jedhameera. Qaawaa yoo argatan kana barbaadu.

Maaliif bayye dadhabde, mootummaa dadhabe, barbaadu biyya tokkummaa, humna hin qabne jarrimmoo kanarraa faayidaan ni argama jedhani yaadu. Kanaafimmoo kan meshaa godhatan ABOdha. Eergamuu meeshaa godhan jechuudha malee mirga Oromootti amanani faayidaa Oromoo guutuuf Oromoof gonkuma yaadu hin danda'an.

Ummanni Oromoo sana ta'e, kana ta'e, jedhanii yoo dubbatan waan nama faalleessu dha. Oromoodhaaf jarri dubbachuu hindana'ani. Afaan ittiin dubbatan hin qabani. Jarri abjuusaanii galmaan ga'achuudhaaf meeshaa godhatani itti fayyadamu. Kan nama dinqisiisuu yeroo tokko tokko namatti hin tolu dubbachuudhaaf malee tuffiin jarri Oromoofi ABO irratti qabani kan daangaa hin qabneedha. Tuffii guddaadha. Nama akkasi wajjin guyyaa tokkoof wajjin qabsaa'uuf rakkisaadha. Kanaaf ABOn eergamtummaa sana ergaa fudhate kan inni deemaa jiruu maalinni isa qabadheen ani ammoo abjuufi kaayoo ganama ka'eef sana galmaan ga'adha jedhe waan yaaduuf kan meeshaa ta'e.

Meeshaa ta'ee garuu wanti inni hojjecha jiru ummata Oromoo taakkuu tokko kan tarkaanfachisuu utuu hin taanee boodatti deebisuudha. Ummata kee ajjesaa akkamitti waa'ee Oromoo dubbachuun danda'ama? Mirga ummata Oromoo doomsaa akkamitti ummataaf dubbachuun danda'ama? Kara biraa waan yaade kana galmaan ga'achuuf karaa isaaf danda'ame hundaan dura loola labsuuf yaalee, karaa nagaatiin qabsaa'ee dhaadannoo dhoksaa qabatee karaa sanaan deemuu yaalee hin taaneef. Ammammoo jara kana wajjin hiriiree waan yaadu galmaan ga'achuudhaaf yaalaa jira. Kunis hin milkaa'u. Kan nama dinqisiisu garuu waan haqa hin qabneefi waan kaayoo sirri hin qabneef dhaabni kun yeroo dadhabaafi, bittinaa'aa deemu mul'ata. Amma dhaabni kun bittinaa'ee, inni kaan dhaaba keessaa ba'ee jireenya du'aa jiraachuu, dhaaba seenaanfi maqaadhaan jiraatu dha.

Dhaaba guddina hawaasaa wajjin deemaa jiru utuu hin taane, hawaasni gara fuulduraatti, inni garuu gara boodaatti deemaa kan jirudha. Dhaaba muuxannoosaarraa barachuu hin dandeenye dha. Utuu of argee du'aa adeemuudha. Wan hundaafuu wanti dadaballee kana kaafnu ilaalcha dhaabni kun qabuufi ilaalche amma hawaasicha keessa jiru. Nama hubachuu danda'uuf namni sammuu sirriin yaadu akka yaadu malee dhaabni kun akka dhaabaatti dhaaba madaallii kaasa jedhamu miti. Ilaalchi isaa garuu yoo ummata keenya keessa jiraate, Ummata keenyaafis hin gargaaru. Inni guddaan daddaballee akka dhaaba keenyaatti kaafnu maalinni, ABOn kaayyoo sana qabatee ka'u n isaa sirrii miti jenne hin falmnu. Sirrii miti jenne yeroo nuti falamnuu, namni sirrii dha jedhu yoo jiraate jiraachuunsaa yakka jennee ilaallee hin beeknu, Dhugaa dubbachuuf. Dubbiin hamaan lafa irratti wal dhaabdee ta'e maalinni karaa nagaan yaada keenya qabannee ummataatti haa dhiyaannu. Ummanni hamurteessudha. Garaagarummaan ABO fi dhaaba keenyagidduu jiru. Garaagarummaa keenya ummanni dhageeffatee karaa nagaatiin hamadaalu. Kan deeggaru haa deeggaru. Kan falmu hafalmu, asirratti. Kaayoon biraan, yaadani biraan dhufuu hin qabu. Garaagarummaan dhimmoota addaddaa jiraatullee inni guddaa kana ture. Amma garuu, Dhaabni tokko yeroo qabsaa'u hawaasa keessa yeroo socho'amu dogongora qabaachuun ni mala.

Dogngoora sanarraa barachuun waan guddaa dha. Kanarraa baramee karaa sirrii qabachuun waan guddaa dha. Dhaadannoon waggaa 30 bifasaa utuu hinjijjirratiin

qabatanii isumatti cichanii isaa wajjin du’un kufaatii guddaadha. Kan ABOrra ga’e kana fakkaata.

Gaaffii -Tooftaa qabsoo badiif dhaabbate kana yaalii mootummaan taasisuun gamatti ummataafi miseensota irraa maaltu eegama?

Deebii - Wanta guddaan kaasuu barbaadu dura miseensa dhaabaas ta’e ummata keenya keessattis ilaalcha qulqulluu qabaachuun barbaachisaa dha. Ilaalcha qulqulluu qabaachuu barbaachisa. Tokkoffaa ummanni Oromoo cunqursaafi hacuuccaa waggaa dheeraa keessa ba’ee har’a abbaa mirgaa ta’uu jalqabeera. Nageenya argateera. Mirga siyaasaa argateera. Ofiin of bulchuu jalqabeera. Seenaasaa, aadaasaa guddisuu jalqabeera kan jedhu kun gonkumaa gara dubatti akka hin deebine caalmaatti gabachaa akka deemu gochuun lammii Oromoo kamirraayyuu kan eegamu dha. Asirratti, ilaalcha qulqulluu qabaachu barbaachisa. Nuyi gara boodatti utuu hin taane gara fuul duraatti yaaduu nu barbaachisa. Oromiyaa keessatti nageenyiifi tasgabbiin gutummaatti eegamuu qaba. Oromiyaa keessatti mirgi siyaasaa mirgi demokraasii mirgi namummaa Oromoo guutummaatti eegamuu qaba. Oromiyaa keessaatti guddinni jiraachuu qaba. Sochiin amma jalqabame gonkumaa gara boodaatti deebi’uu hin qabu. Sirnii demokraasii ijaaramuu jalqabame kun cimee itti fufuu qaba. Kanarratti namni ani Oromoodha jedhu walii galuu qaba. Caalmaatti irratti hojjechuudha kan nurra jiraatu. Kana caalaa akkamitti kana gabbisuuf cimsinee fuulduraatti deemna? Dhalonni dhufu jireenya nuti jiraannee ol akkamitti akka jiraatu goona jedhee yaaduu qaba namni hundi. Ani wanta lammiirraa eegamu keessaa isa tokko jedheen ilaala akka lami tokkootti. Asirratti rakkoo dhufu hunda tokko ta’anii ofirraa qolachuu barbaachisa. Amma Dh.D.U.On hanga humnisaa danda’e akka dhaaba siyaasaa tokkotti mirga ummata Oromoo, ummata Oromoo harkaan ga’ateera jedheen ilaala. Nuti asirra haa geenyu malee namni hedduun utuu injifannoo kana hin argin wareegameera. Mirga weeragamaan argame kana gara fuul duraatti kan tarkaanfachisu, irra jiraatimmoo dhaloota amma jirudha. Yoo mirga kana tarkaanfachisuu dadhabe dhaloota amma jirutu itti gaafatama. Amma yeroo hacuccaaniifi cunqursaan garbummaan dhaloota dhufuuf itti darbu utuu hin taane injifannootu darbuu qaba. Kanaaf waa’een Oromummaa, waa’een qabsoo yeroo ka’u kanaa wajjin walsimsiifamee ilaalamu utuu isarra jiraata. Dhaabbattonni dhimma Oromoorratti nugalcha jedhan kana fudhachuu qabu. Har’a ummata Oromoo keessatti nageenya jeequun borreessuuf utuu hin taane sirni demokraasii akka dagaagu ani Oromoodha kan jedhu hundi hojjechuu qaba. Kanaan ala Oromuummaan dhaadachuun gatii hin qabu.

Galatooma!